


Afaan kam dubbaatanis yokan Australia keessa hangamiif jiraataniis **dubartootni hundi wagga 5t al tokko Qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa** ilaalamuun barbaachisaa dha.



Ofin-fuudhuun (self-collection) maal inni?

Qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa (Cervical Screening Test) ofin-fuudhuun yeroo dubartiin jirbiidhaan qaama hormaataa keessa of haxoofttee waan irraa laalamu sana fudhtuu dha. Qormaatanii kun dhoksaattii bakka doktora fayyaatti yokan bakka buufata fayyaatti dahoo duubatti yokan mana dhiqannaa keessatti fuudhatama.

Tarii ofin-fuudhuuf gahaa tahuu dandeessa yoo atti:

- waggaa dhalootaa 30 fi sanaa olii fi
- yeroo itti Qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa ilaalamuun si irra ture waggaa lamaaf dabarsite yoo tahe, fi
- qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa hoggeeyyiin fayyaa si gaafatan didde yoo tahe.

Qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa ofin-fuudhamuuf dubartootni hundi gahoo waan hin taaneef dursii doktora keetti dubbadhu.

Odeeffannoo caaluuf

Odeeffannoo fi gargaarsa Kanserii **13 11 20** bilbili. Afaan keetiin namatti dubbachuu yoo barbaadde Cancer Council Victoria, **13 14 50** irratti bilbili. Baallama Qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa qabachuuf doktora kee yokan hojjattuu fayyaa (nurse) dubbadhu. www.cancer.org.au/cervicalscreening laali.

Mudde 2018
Fayyummaa qaama hormaataa ilaalchifachuun dubartoota hundaaf barbaachisaa dha. OROMO



Fayyummaa qaama hormaataa ilaalchifachuun dubartoota hundaaf barbaachisaa dha ilaalchifachuun dubartoota hundaaf barbaachisaa dha.



Kanserii qaama hormaataa fi dhukkuba namaa papilomavayires (papillomavirus – HPV) jedhamu

Kanseriin qaama hormaataa kaanserii hidhii qaama hormaataa (cervix) ti. Hidhiin qaama hormaataa qaama saalaa keessa isaa gara afaan gadameessaa (womb) siqee kan jiruu dha.

Kanseriin qaama hormaataa irra guddaan isaa HPV irraa namatti dhufa. HPV dhukkuba namaa papilomavayiresii (papillomavirus) jedhamu irraa kan nama qabuu fi yeroo baay'ee osoo mallattoo dhukkubbii hin agarsiisin turuu danda'a. Vayirasiin kun qunnamtii saalaan kan dabru yoo tahu dhiiras dubartiis lameenuu dhukkubuu danda'a.

Qaamni ofii dhukkubbii HPV irra guddaa isaa uumamaan of keessaa baasuu danda'a, garuu gosootni HPV hangi tokko keessa hidhii qaama hormaataa irratti jijjiirraa ni fidan. Qaamni jijjiirame kun yoo dafee wal'aansa hin argatu tahe gara kanserii qaama hormaataatti geddaramuu danda'a.

HPV akkamiin argama?

Qormaatni Fayyummaa Qaama Hormaataa dhukkuba HPV laalamuuf kara gaarii dha. Doktorri yokan neersiin tajaajila fayyummaa qaama hormaataa ni kennan.


Qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa na barbaachisaa?

Yoo dubartii taatee fi waggaan dhaloota kee 25-74 gidduu tahe, yoo qunnamtii saalaa jireenya kee keessatti godhtee beekta tahe, Qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa waggaa shanitti yeroo tokko qabaachuun kee barbaachisaa dha.

Qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa ni barbaachisa yoo ati illee:

- Talaali (vaccine) HPV dirattee beekta yoo tahe
- Umrii itti daraaraan baatii sitti dhufu (menopause) dabarte yoo tahe
- Kan qunnamtii saalaa waliin godhtu nama tokko qofa qabda tahe
- Yoo akka aadaatti kittannatte tahe
- Mucaa qabda tahe
- Heerumtee jirta tahe
- Heeruma wal hiiktee (divorced) jirta tahe
- Abbaan warraa kee du'e tahe.

Kanseriin qaama hormaataa kanseroota of irraa ittisuun danda'amu hedduu keessaa isa tokko.



Fayyummaa qaama hormaataa fi dhalaa kittaanuu (FGC)

Kittanamun (FGC) yeroo tokko tokko dubartoota Qormaata Fayyummaa Qaama Hormaataa irraa dhorkuu danda'a. Tarii kan si gargaaru yoo tahe:

- baallamni siif qabamu kan qofaatti fi hiciitiin isaa eegamu tahuu yoo beekte
- fira yokan hiriya waliin bakka wal'aansa kanaa yoo deemte
- Neersii yokan dokotora fayyaa dhalaa yoo gaafatte
- Nersii yokan dokotora fayyaa waa'ee wal'aansa kanaa yoo gaafatte
- Osoo qoratamaa jirtuu gidduutti yeroo kamittuu dhaabuu yokan afuura fudhachuu yoo barbaadde
- Yeroo qoratamaa jirtutti qullaa kee irra huccuu buusuu akka qaban itti himachuu.